Deeggarsa $450 qorannoo Vaayirasii Koronaa (COVID-19)'f kennamu

$450 Coronavirus (COVID-19) testing support – Oromo

Qorannoo bilisaa namoota hundaaf

Qorannoon Vaayirasii Koronaa namoota hundaaf bilisadha. Kunis namoota kaardii Medicare hin qabne, kanneen akka daawwattoota biyya alaa irraa dhufanii, hojjettoota biyya biraa irraa godaanan akkasumas kanneen maxxantummaa gaafachaa jiran of keessatti dabalata.

Yoo mallattoowwan Vaayirasii Koronaa (COVID-19) qabaattan dirqama qoratamuu qabdu.

Yoo qoratamtan, gargaarsa maallaqaa mootummaa Viiktooriyaa irraa fudhachuu dandeessu

Erga Vaayirasii Koronaa (COVID-19) qoratamtanii booda hanga qabxii keessan argattanitti mana keessa turuu qabdu. Yoo balaa tasaa ta'e qofaa mana bahuu dandeessu. Gara hojii deemuu hin dandeessani.

Yeroo qabxii keessan eeggataa jirtanitti, yoo waa'een galii hojii keessan irraa dhabuu isin dhiphise, deeggarsa Vaayirasii Koronaa (COVID-19) $450 ta'e mootummaa Viiktooriyaa irraa akka argattaniif eeyyama argachuu dandeessu.

Deeggarsi kun hojjettoota eeyyama yeroo dhukkubaa hin qabneef ni argama. Kunis hojjettoota darbee darbee hojjetan, hojjettoota koontiraataa akkasumas kanneen eeyyaama yeroo dhukkubaa isaanii xumuran of keessatti dabalata.

Namni Viiktooriyaa keessa jiraatu kamiyyuu deeggarsa kana argachuu danda'a – deeggarsa kana fudhachuudhaaf lammii Awustiraaliyaa yookin jiraataa dhaabbataa ta'uun isin irraa hin eegamu.

Yoo Vaayirasii Koronaa (COVID-19)'n qabamuun keessan mirkaneeffame yookin nama Vaayirasii Koronaa (COVID-19)'n qabame waliin tuxxuqqii dhiyeenyaa qabaattan, yeroo dheeraaf qofaatti adda of-baasuu qabdu. Akkasumas tarii kaffaltii deeggarsaa $1500 argachuu dandeessu.

Mootummaan Viiktooriyaa hojjettoota daa'imman mana isaanii keessa akka turaniif itti himame kunuunsaniifis deeggarsa maallaqaa kana kennaa jira, yoo gara hojii deemuu dadhabdan akkasumas miindaa kan dhabdan yoo ta'e deeggarsa argachuu dandeessu.

Odeeffannoo dabalataaf yookin iyyannoo galchuuf, toora bilbilaa Vaayirasii Koronaa 1800 675 398 irratti bilbilaa yookin www.dhhs.vic.gov.au/covid-19-worker-support-payment ilaalaa.

For information in other languages, scan the QR code or visit
DHHS.vic –Translated resources - coronavirus (COVID-19)
<https://www.dhhs.vic.gov.au/translations>

If you need an interpreter, call TIS National on 131 450

For any questions
Coronavirus hotline 1800 675 398 (24 hours)
Please keep Triple Zero (000) for emergencies only

VICTORIA State Government | Health and Human Services

To receive this document in another format phone 1300 651 160 using the National Relay Service 13 36 77 if required, or email Emergency Management Communications <em.comms@dhhs.vic.gov.au>.

Authorised and published by the Victorian Government, 1 Treasury Place, Melbourne.

© State of Victoria, Australia, Department of Health and Human Services, 16 October 2020.
Available at **https://www.dhhs.vic.gov.au/translations**